# Ispoonsara Dhuunfaa Baqattootaa


*Firoota Ispoonsara Gochoo*

**GULANTAA 1 — ULAAGAA GUUTU & GAREE UUMUU**
- Ispoonsara Argachuu & Ulaagaa Guutuu Iyyataa

**GULANTAA 2 — SANADOOTA & UNKAWWAN**
- Sanadawwan Xumuri
- IRCC tti Galchi

**GULANTAA 3 — DHAQQABUU & JI'OOTA JALQABAA**
- Biizinasii jalqabuu fi Deeggarsa Maallaqaa Ji'aa
- Qubsuma

**GULANTAA 4 — ITTI GAAFATAMUM-MAAWWAN DEEMAA JIRANII & XUMURA ISPOONSARSHIIPPII**
- To'annoo
- Xumura Ispoonsarshiippii



GULANTAA 1

## ULAAGAA GUUTU & GAREE UUMUU

**Q. Gaaffii. Maatiwwan ispoonsara godhu biyyoota garaa garaa keessatti argamu; abbaan biyya itti baqatee jirutti eegumsa barbaadaa jira, haati fi ijoollen ammoo biyya isaanii jiru. Abbaa ispoonsara gochuu nan danda'aa?**

**A.** Deebii. Maatin hundinuu (abbaa warraa ykn haadha warraa/kan waliin jiraatan fi ijoollee waggaa 22 gadii kan maatii irratti maxxananii jiran) iyyata wal-fakkaataa keessatti hammatamuu qabu.

**Q. Gaaffii. Isaan ispoonsar gochuu dandeenya taanan to'attoonni baqattootaa maallaqa muraasa gumaachuu barbaadu. Kana fudhachuu nan danda'aa?**

**A.** Deebii. Lakki, ispoonsaroonni baqattoota osoo hin dhufin duras ta'ee erga dhufanii booda gargaaran irraa maallaqa fudhachuun dhorkaadha.

GULANTAA 2

## SANADOOTA & UNKAAWWAN

**Q. Gaaffii. SAH fi ispoonsarshiippii Garee Shanii (Group of Five sponsorships) dhaaf sanadoonni fi unkawwan baqataa tokkumaa?**

**A.** Deebii. Eeyyee, IMM 0008 Generic Form, IMM 5669 Schedule A fi IMM 0008 Schedule 2 ispoonsarshiippii hundaaf guutamuun xumuramuu qabu.

**Q. Gaaffii. Iyyataan (Principal Applicant) sanada Murtee Sadarkaa Baqataa (Refugee Status Determination (RSD) yoo qabaate maalinan beeka?**

**A.** Deebii. Dimshaashumatti, RSD'n 'murtee sadarkaa baqataa/fudhatamummaa' ykn 'baqataa fudhatame' jechoota jedhu sirriitti agarsiisa. Sanadoonni 'waraqaa ragaa nama baqatummaa barbaaduu' ykn 'galmee baqataa' jedhan RSD miti. Mirkaneeffachuuf, maaloo Sagantaa Leenjii Ispoonsarshiippii Baqataa qunnami.

GULANTAA 3

## DHAQQABUU & JI'OOTA JALQABAA

**Q. Gaaffii. Maatin nuti ispoonsara goonu dhiyyootti dhufu, garuu mana arguufii hin dandeenye. Miseensi garee keenyaa tokko mana kutaa beezimentii ammatti kireeffamee jiru qaba, namoota dhufaniif akka keessa jiraataniif qopheessuu barbaadu. Rakkoo qabaa?**

**A.** Deebii. Jalqaba seera kireessafi kireeffataa naannoo keessanii ilaaluu qabdu. Naannolee heddu keessatti abbaan manaa baqattoota ispoonsara argataniif jecha kireeffataa mana keessaa baasuu hin danda'u. Lammaffaa, achi jiraachuuf fedhii qabaachuu isaanii namoota dhufan sanaan mariyachuu qabda.

**Q. Gaaffii. Yeroon jalqaba Ispoonsarshiippii Kana mallatteessu kutaa ciisichaa koo bilisa jiru tokko kennuufan karoorsee ture, garuu dhiyeenya kana mucaa waanan godhadheef kutaan sun amma hin jiru. Maatin ispoonsar godheef mana kireessuf ammoo bajata gahaa hin qabnu. Maal gochuun qaba?**

**A.** Deebii. Iddoo jireenyaa qophaahufii qabaatu illee maallaqa xiqqaa iddoo dahootif ta'u qopheessun ni gorfama. Haala kana keessatti, gareen kee maallaqa dahoof ta'u walitti sassaabun ala filannoo biraa hin qabu, sababni isaa namoota dhufaniif iddoo jireenyaa qopheessun itti gaafatamummaa garichaati waan ta'eef.

**Q. Gaaffii. Namnin ispoonsara godhe yeroo dhufan ulfa ji'a torbaati. Jalqaba natti hin himamne. Gareen kiyya maallaqa nama tokkoof ta'u qofa qaba. Mucaa dhalatuuf deeggarsa dabalataa gochuutu nurraa eegamaa?**

**A.** Deebii. Eeyyee, deeggarsi ji'aa kan shallagamu lakkoofsa maatiifi yeroo dhufan nama meeqa akka ta'ani fi yeroo ispoonsarshiippii ji'a 12 irratti hundaa'uni malee yeroo itti iyyatan irratti hundaa'un miti.

GULANTAA 4

## ITTI GAAFATAMUMMAAWWAN DEEMAA JIRANII & XUMURA ISPOONSARSHIIPPII

**Q. Gaaffii. Miseensi maatii ani ispoonsar godhee gara magaala biraa deemuu barbaada, garuu maatin warri kaan turuu fedhu. Lamaan isaanifuu deeggarsa maallaqaa ji'aan kennuufitu narraa eegamaa?**

**A.** Deebii. Kuni akkuma mudateen ispoonsaroonni IRCC beeksisuu qabu; haalicha irratti hundaa'un IRCC'n ispoonsarshiippin walakkaan akka hir'atu ajaja baasuu danda'a. Haala sana keessatti, maatii bakka jireenyaa duraanii keessatti hafan qofaaf deeggarsa maallaqaa akka gootutu sirraa eegama.

**Q. Gaaffii. Barri ispoonsarshiippii dhumuutti jira, maatin dhufan garuu ammayyuu Ingiliffaa baratаa jiru, hojiis hin arganne. Yeroo ispoonsarshiippuu ji'a 12 irra darbee deeggarsa gochuufii itti fufuun qabaa?**

**A.** Deebii. Lakki, ji'a 12 guunnan yeroon ispoonsarshiippii fi itti gaafatamummaan akka ispoonsaraatti qabdu ni xumura. Ispoonsarshiippin dhumuuf yoo ka'ee fi maatin dhugan hojii hojjataa hin jiran ta'e, akkaataa ittiin deeggarsa galii hawaasaa naannichaatif akkamitti galmaa'uu akka danda'an qajeelchuu qabda. Deeggarsa isaan barbaachisu guuttachuuf karaa dhiyeessitoota tajaajila mana jireenyaa akka mana jireenyaa argataniif namoonni haaraa dhufan jajjabeeffamuu qabu.

**Q. Gaaffii. Haalli galii kiyyaa jijjiirameera, namoota haaraa dhufaniif deeggarsa maallaqaa gochuu hin danda'u. Namoonni haaraa dhufan deeggarsa galii hawaasaa naannoo keenyaf akka galmaahaniif jajjabeessuu nan danda'aa?**

**A.** Deebii. Lakki, gareen ispoonsarshiippii deeggarsa maallaqaa barbaachisu dhiyeessutu irraa eegama; namoonni haaraa dhufan bara ispoonsarshiippii sana deeggarsa galii hawaasatiif iyyachuun hin hayyamamu. Ispoonsaroonni deeggarsa maallaqaa dhiyeessuu hin dandeenye yoo ta'e, IRCC'n beekuu qaba. Ispoonsarshiippin akka dhaabatu beeksifamuu danda'u, kuni ammoo ispoonsarshiippii gara fuulduraa irratti dhiibbaa qabaachuu mala.

**Q. Gaaffii. Namnin ani ispoonsar godhe yeroo guutuu hojjataa jira, deeggarsa kaffaltii ji'aa itti fufee akkan hin kennine barbaadu. Deeggarsa ji'aa gochuu dhaabuu nan danda'aa?**

**A.** Deebii. Ispoonsaroonni akkaataa armaan gadiitti hir'ifama gochuu qofatu hayyamamaaf: Namni haaran dhufe saniin reetii RAP keessaa 50% ol galii argata yoo ta'e, tokkoon tokkoo galii doolaraa dabalataa argatu irraa ispoonsaroonni dolaara tokko hir'isuu danda'u.

# Garee Nama Shanii

**Gaaffii. Namoota shanii gadiin garee hundeessuu nan danda'aa?**
**Deebii.** Lakki, garee keessatti yoo xiqqaate miseensota shan waggaa 18 fi isaa ol kan ta'an, lammiilee Kanaadaa ykn jiraattota dhaabbataa ta'anii fi ulaagaalee dabalataa guutuu kan danda'an qabaachuu qabda.

**Gaaffii. Miseensota garee shanan keessaa tokko deeggarsa maallaqaa malee deeggarsa mana jireenyaa kan hin kennine yoo ta'e, magaala garaa garaa keessa jiraachun ni hayyamamaafii?**
**Deebii.** Lakki, miseensonni garichaa martinuu hawaasa bakka baqataan (ttoonni) jiraatan kan jiraatan ta'uu qabu.

**Gaaffii. Hojii dhabaa yoon ta'e, miseensa Garee Ispoonsarshiippii Shananii ta'uu nan danda'aa?**
**Deebii.** Eeyyee, miseensota shanan keessaa nama sadi qofatu ulaagaa deeggarsa maallaqaa gochuu guutuu qaba.

**Gaaffii. Baqattoonni ani gargaaruf jedhu sanada homaatuu hin qaban, garaa hawaasa keessa qubatanii fi/ykn UNHCR tti galmaa'un waraqaa raqaa koolugaltummaa qabatanii jiru. Ulaagaa guutuu (eligible) ni danda'uu?**
**Deebii.** Lakki. Sagantaa Garee Nama Shanii jalatti ispoonsara gochuuf, Iyyataan waraqaa ragaa Koolugaltummaa ykn sanaga galmaa'uu osoo hin taane, sanada Murtee Sadarkaa (RSD) qabaachuu qabu.

**Gaaffii. Iyyata baqattummaa guutuu irratti muuxannoo hin qabu, eessaan deeggarsa argadha?**
**Deebii.** RSTP'n ispoonsarootaf deeggarsa bilisaa ni dhiyeessa. Odeeffannoo dabalataaf rstp.ca ilaalaa.

**Gaaffii. Deeggarsa maallaqaa homaatuu gochaa hin jiru yoo ta'e, pirofaayilii ykn galmee faayinaansii dhiyeessun qabaa?**
**Deebii.** Lakki, miseensota G5 deeggarsa maallaqa (fandii kuufamaatti galchan ykn galii isaanii irraa walitti qaban) qofatu unka Pirofaayiilii Faayinaansii guuta.

**Gaaffii. Waggoota muraasa dura hiriyoota kiyya ispoonsarshiippii isaanii irratti gargaaruf galmaa'en ture, garuu itti gaafatamummaan homtinuu naaf hin kennamne, ispoonsarshiippii isaanii keessattis hin hirmaanne. Galmee haaraa Garee Nama Shanii keessaatti IRCC dhaaf kana ibsuun qabaa?**
**Deebii.** Eeyyee- miseensi tokko ispoonsarshiippii duraanii keessatti hirmaachuu agarsiisuu dhiisun dogoggora yeroo heddu mudatuudha; yeroo tokko tokko galmeen ykn iyyanni ni deebi'a ykn ni kufa. IRCC galmee deetaabeezii ni olkaa'a waan ta'eef ispoonsarshiippii duraanii keessatti ispoonsarri himaachuu ni ilaala.

**Gaaffii. Miseensi garee ispoonsarshiippii keenya gara naannoo biraatti jijjiirameera. Maal gochuun qaba?**
**Deebii.** Miseensa biraa bakka nama sanaa bu'u barbaadun jijjiirame taasifame mirkaneessuf IRCC qunnamuu qabdu.

# Fudhaataa Waliigaltee Ispnsarshiippii (SAH)

**Gaaffii. SAH (Sponsorship Agreement Holder) maalidha?**
**Deebii.** Dhaabbata itti fufiinsan baqattoota gargaaruf ykn ispoonsar gochuuf Mootummaa Kanaadaa wajjin walii galtee mallatteessedha. SAH tokko tokko baqattoota akka naannotti ispoonsar yoo godhan kaan ammoo akka biyyoolessaatti ispoonsar godhu. SAH'waan hunda ilaaluf marsariitiii IRCC ilaaluu dandeessu.

**Gaaffii. SAH dhimma koo ilaaluu danda'u argachuu hin dandeenye. Isaanin ala ispoonsara gochuu nan danda'aa?**
**Deebii.** Baqataan ati ispoonsara gochuuf jettu sanada Murtee Sadarkaa Baqataa (RSD) qaba ta'e, Fudhataa Waliigaltee Isponsarshiippii si hin barbaachisu waan taa'ef karaa Garee Nama Shanii ispoonsara gochuu dandeessa.

**Gaaffii. SAH waliin ispoonsara gochuuf nama shan na barbaachisaa?**
**Deebii.** Tokkoon tokkoo SAH dambii mataa isaanii baafatu. SAH'wwan tokko tokko qophaa isaanii ispoonsara ta'uu barbaadu, kaan ammoo ispoonsaroota tokko ykn lama barbaadu. Warri kaan Garee Bakka Bu'aa (Constituent Groups (CGs)) namoota shan ykn isaa ol qabu waliin hojjachuu fedhu.

**Gaaffii. Iyyatiwwan SAH waliin gale kan iyyatawwan Garee Nama Shanii caalaa saffisaadhaa?**
**Deebii.** Lakki, iyyattiwwan bifa SAH dhaan galan dursa argachuu kamiinuu hin keessummeessifaman. SAH argachuu irratti ni rakkattan taanan, iyyata Garaee Nama Shanii keessan galchuun caalatti saffisa (Iyyataan RSD qaba yoo ta'e), ammatti istiriimii ispoonsaraaf daangan kaa'ame yk kootan kenname hin jiru waan ta'eef.

**Gaaffii. Iyyata SAHtiif unki Pirofaayilii Faayinaansii (IMM 5373B) ni barbaachisaa?**
**Deebii.** Lakki- SAH waa'ee faayinsaansii keessan odeeffannoo isin gaafachuu malu illee, IRCCtti galchuudhaf IMM 5373B barbaachisaa miti.

**Gaaffii. Ispoonsarshiippin kan Garee Nama Shanii caalaa kan SAHtu gadi aanadhaa?**
**Deebii.** Lakki- Istiriimiin ispoonsaraa maaliyyuu haa ta'u, yoo xiqqaate ispoonsaroonni dhuunfaa hundinuu reetii faayinaansii Saagnataa Deeggarsa Deebisanii Dhaabuutiif eerame dhiyeessuu qabu.

**Gaaffii. Karaan SAH ani ittii firoota koo ispoonsara godhes ejansii iddoo jireenyati (settlement agency). Firoota koof deeggarsa iddoo jireenyaa hunda dhiyeessuu ni danda'uu?**
**Deebii.** Lakki. Ejansiin iddoo jireenyaa deeggarsa iddoo jireenyaa muraasa dhiyeessun yoo gargaaran, akka deeggarsa dabalataa qofaatti hojjachuu qabu. Akka ispoonsara dhuunfatti, adda dureen deeggarsa mana jireenyaa fi faayinaansii kan dhiyeessu si'i.

Inter-Cultural Association of Greater Victoria

Funded by: Immigration, Refugees and Citizenship Canada
Financé par : Immigration, Réfugiés et Citoyenneté Canada